**Yuuniversitiilee Oromiyaa 7 fi Bakkoota Adda Addaa Keessatti Warraaqsi Bilisummaa Qeerroon Qabsiifame Jabaate.**

Gabaasa Qeerroo Diddaa dhaabbilee barnootaa har'a Ebla 30/2015 keessatti gaggeessaa ture.

Oromiyaa keessatti wayita ammaa uummata Oromootiin, barattootaan, hojjetaa mootummaatiin yeroo garaagaraatti finiinaa jira. Diddaa hanga dhuma mootumma Wayyaanee itti gochuutiin, keesssattuu barri kun keesumaa baatiin kun mootummaa Wayyaaneef sodaa guddaadha, bara xumura isaa tahuu, dhuma aangoo mootummaa Wayyaanee fi bara qabsoon oromoo injifannoo itti argattuudha. Qeerroon Bilisummaa torbee kana keessa manneen barnootaa, Yuuniversitii fi Koollejji garagaraa keessatti diddaan akka baarragu dhaammataa ture,waggaa darbe yeroon kun/ baatiin kun uummata oromoof yeroo gaddaa fi barabaraan yaadatamaa deemuudha.  Guyyaa Har'aa Ebla 30/2015 Yuuniversitiilee garagaraa keessatti barattootni barumsa dhaabuudhaan, hucuu gaddaa uffatuun gadi bahanii guyyicha adda taasisuun kabajuu fi FDGs adeemsisuu irratti dhaamsa Qeerroo torbeewwan kana keessa dhaamamaa tureedha.  Odeessa Qeerroo yuuniversitii irraa argameen tokko tokoon akka kanaa gadiiti.

1. Yuuniversitii Amboo fi Manneen barnootaa sadarkaa garagaraa lixa shaggar keessatti argamu
   - Har'a ganama irraa kaasee barattootni yuuniversitii Amboo fi akka walii galaattis manneen barnootaa lixa shawaa keessa jiru barumsa dhaabanii jiru.
   - Hucuu gaddaa fi suurawwan barattootaa fi jaallan oromoo mootummaa wayyaanee baqachuu fi jireenya isaanii

fooyyeffachuudhaaf biyya bahanii biyya Libiyaa keessatti balaa suukkanneessadhaan lubbuun isaanii dabarteef yaadannoo fi gadda taasisan,

- Alaabaan OPDO mooraa barnootaa keessatti fannifamee jirus gadi bu'e,
- Manneen barnootaa sadarkaa olaanaa magaala Amboo, Calliyaa,Baabbicha fi Miidaqany keessatti barattootni dhaadannoo garagaraa dhageessisan.
- Barsiisonni manneen barnootaa garagaraas barattoota deggeruudhaan hirmatan,
- Daandiwwan baadiyaalee keessa jiran cufamanii oolan.

2. Yuuniversitii Wallaggaa
   - Yuuniversitii wallaggaa keessattis Qeerroon torban kana keessa waraqaa mooraa keessatti maxxansee jira, kunis waamicha guyyaa har'aa Ebla 30 barattootni kamuu barumsa dhaabuun guyyaa addaa taasisuun kabajuu irratti akka argamaniif ta'eedha.
   - barattootni muummee barnootaa garagaraa baratan dungoo qabsiisuun yaadannoo barattoota waggaa darbe mootummaa wayyaaneetiin ajjeefamanii fi namoota dhiyoo biyya hambaatti wareegamaniif kabajan,
   - sochii barattootaa sodaa irraan waraanni mootummaa wayyaanee naannoo san qabuchuus Qeerroon gabaasee jira.
   - Barruuwwan dhaadannoo torbee kana keessa fi har'a ganama irraa kaasee maxxanfame gocha ilmaan oromoo irra gahaa jiru biyya ollaatti itti gaafatamni isaa mootummaa tahuu qaba, baqa mootummaa wayyaaneen biyya gadhiisaa kan jiran bor miidhaa irra gahuuf malutti itti gaafatama fudhachuu fi seeraanis hordofamee dhiyaachuu qaba.

- Hanga bilisummaatti diddaan keenya hin dhaabbatu jechuudhaan sagalee dhageesisanii jiru.

3. Yuuniversitii Adaamaa
   - Sochiin kun waan jiruuf Ebla 29 irraa kaasee mootummaan wayyaanee humna isaa naannoo yuuniversitii Adaamaa fi manneen koollejjii Rift Valley qubachiisee jira.
   - Barattootni sabbootni oromoo yuuniversitii Adaamaa har'a ganama irraa nyaata lagatan, hucuu gaddaas uffatan, mooraadhaa ala baanee guyyaa kana addaan kabajuu qabna jedhame, tikni mootummaa mooraa irratti barattoota ittisuu eegale,
   - Ajjeefamuun, biyyaa ariyatamuun biyya ormaatti irbaata bineensaa fi galaanaa tahuun kaayyoo keenya boodatti nun deebisu jechuudhaan bakka garagaraatti barruu maxxansuu fi barreessaa oolan,
   - Dhaamsa hoogganas Qeerroo irraa kennameen dhaadannowwan waltahaa " Lubbuu obbolaa keenya biyya hambaatti wareegamaniif mootummaan wayyaanee itti gaafatamuu qaba, seerattis dhiyaachuu qaba, yakka malee ilmaan oromoo mana hidhaa keessatti hiraarfamaa jiraniif mootummaa wayyaanee seeratti dhiyeessuu qabna, …" dhaadannoo hedduun jedhamees barreeffamee, waraqaa balaliituunis mooraa keessaa naannoo barattootni itti wal arganitti bittimfamee jira.
   - FDG mooraa kanattis itti fufa!

4. Yuuniversitii Bulee Horaa
   - Jiraattota naannoo fi barattoota sadarkaa gadii hanga olii kan hirmaachise barattoota yuuniversitii Bulee Horaatiin kan hoogganamu diddaan guyyaa har'aa finiinee jira.

- Barumsa hin barannu obbolaa keenya mana dhumaa jiran osoo ilaallu, mootummaa wayyaanee mirga nu dhowwate nu sarbe lafa keenya irratti mirga dhabne, abbaan biyyummaa keenya nurraa fuudhame, mootummaa wayyaanee baqachuuf dhiigni keenya bakkeetti hafte jechuudhaan uummata kaasuun iyyaa fi booyicha, hucuu gurraacha uffatanii mooraadhaa ala bahuun oolan.
- Tikni mootummaa naannoo irraa dhufe hin beekamne barattoota bittimsuuf yaaletti hin dandeenye, barattootnis tahe uummanni nuti barattoota keenya du'aan nurraa adda bahan waggaa darbe rasaasaan rukutaman, dheengadda harka ormaatti kennamuun gorra'amaniif yaadannoo taasisaa jira, gadda keenya mul'isaa jirra ammas gaaffiin keenya gaaffii mirgaatti hidhata, kanaaf ammoo yoomiyyuu dhiisuu fi dhaabuu hin dandeenyu yoo jiraanne barumsa baranna jechuudhaan waraana mootummaa duras dhaabbatan.
- Yerodhaaf namootni humna waraana mootummaa harka galan maqaa dura buutota fincilaa jedhamuun uummataa fi barattoota keessa jiru, namoota kanas boodarra diddaa jabaachuu ka'uu sodaadhaan gadhiifamuu isaanii Qeerroodhaan gabaafama.

5. Madda Walaabuu Yuuniversitii
   - Halkan Ebla 29 mooraa keessa tika mootummaa waardiyaa moorichaa ta'an irratti qaama hin beekamne irraa dhagaan darbatamee bakka eegumsa isaan taa'aanii jiran akka gadhiisan taasifame, galma yuuniversitii kanaatti kan hammaatee hafe sakatta'iinsa jabaatu jira, barataan sakatta'amee mooraa seenuun adda tahee sakatta'amuun barattoota sabboontota oromootiin diddaan akka ka'u taasifame.

- Mootummaa wayyaanee uummata oromoo mana hidhaatti guuree fixe, ajjeesee fi biyyaa ariyee kunoo baqa sababa isaaf qalaman, mootummaa kana hin barbaannu jechuudhaan dhaadannoo dhageessisan, har'a Ebla 30 qofa barumsi dhaabbate osoo hin taanee torbee lamaan kana barattootni gadda irra jiru, yaadannoo baatii kanaa fi gocha suukkanneessaa biyya Liibiyaatti namoota qaqqabeen wal qabsiisuudhaan barumsa dhaabanii jiru,
- Poolisooni mooraa yuuniversiti W/Walaabuu walakkaan sochii barattootaa deggeruudhaan har'a gadda isaani barattoota waliin mul'isanii jiru, hucuu gurraacha uffachuudhaan oolan, kunis deggeroota mootummaa kan ta'an poolisoonni mooraa fi degertoota barattootaa kan ta'ani gidduuttis waliitti bu'iinsi ka'aa akka jirus Qeerroon gabaasee jira.
- Akka mooraa kanaatti barumsi dhaabbatee jira jedhama. Barattootni sabboontotni oromoo barumsa dhaabanii jiru.

6. Yuuniversitii Mattuu
   - Yeroodhaa yerootti mooraa yuuniversitii Mattuu keessatti waraqaan ni maxxanfama, akka mooraa kanaatti sochiin barattoota oromootiin gaggeeffamu mootummaa wayyaanee kan yaaddeessaa tureedha,
   - Har'as Ebla 30 mooraan yuuniversitii Mattuu akeekkachiisa barattootni sabbootni oromoo waardiyootaf kennameen sakatta'iinsi akka dhaabbatu, galmi mooraa banamee uummanni keenya gadda keenya nu waliin hirmaachuu qaba, obbolaa keenya kumaata hedduu dhabne, mana hidhaatti kaan biyya ormaatti wareegamaa jira, bishaaniin nyaatamaa, qaama hin beekamneen ukkamfama jira, humna waraana mootummaa wayyaneetiinis waggaa darbe oromiyaa keessaa lubbuu dhibbaan lakkaawamu

dhabne waggaa waggaadhaan madaa ta'ee nutty yaadatamuu qaba kanaaf uummanni kanaaf fedha qabu mooraa seenee gadduu qaba kan jedhuun waamicha taasisan, waardiyaan akka duriitti xiyyeeffannoo akka hin laannes akeekkachisni barattoota irraa kennameen guyyaa har'aa ganama irraa kaasee barataan qonnaan bulaan hucuu gurraacha uffatee oole, mooraa keessaa fi alattis yaadannoo guyyaa addaatu taasifame.

7. Yuuniversitii Haromayyaa
   - Hojiin baruu fi barsiisuu hin gaggeeffamne,
   - Barattootni hucuu gurraacha uffatanii oolan,
   - Dhaadannoon mootummaa wayyaanee balaaleffatuus dhageesifamaa oole,
   - Faaruun gaddaan wal qabate dhageesistuu muuziqaalee irraa dhageessifamaa oole,
   - Filannoo kijibaa hin gaggeeffamin, dhugaadhaaf hanga dhumaatti qabsoon keenya hin dhaabbatu kan jedhus barruun guyyaa lama dura maxxanfame tika mootummaa wayyaanee moorichaan buqqa'e
   - Sabbootni barattootni oromoo moorichaa hanga Bilisummaa gonfannutti qabsoon keenya itti fufa jechuudhaan dhaamsa dhaammatan,
   - FDG itti fufe!

Gabaasa Qeerroo Har'a Ebla30/2015 Oromiyaa Dhaabbilee Barnootaa Yuniversitii Keessatti Gaddaan Wal Qabsiisuudhaan Diddaa Gaggeeffame!

Injifannoon Uummata Oromoof!

Gadaan Gadaa Bilisummaati!